Dhugaa Salphaa Amantoota Haaraaf

(Gaaffiif Deebii)

Maxxansaa Lammaffaa

2.0

Forward

Waggoota dheeraaf sabni waaqayyoo amantoota haaraa dhugaa bay'ee barbaachisaa barsiisuf akka tolutti walitti qabama gaaffiifi deebiitti gargaaramaa turan. Kitaabni kunis dhaloota haaraa duuka bu'oota yesuus ta'aniifis dhugaa guddaa qabateera.

Kitaabni kun gaaffifi deebii 144 of keessatti qabata. Gaaffiileen kunis itti fufuun deebii wajjin dhiyaatan. Deebiiwwan kunis macaafa qulqulluu keessaa filatamanii itti fufuu. Dubbileen macaafa qulqulluu keessa filataman kunis mata duree macaafichaa ofkeessatti qabatu (fakkeenyaaf: Seera Uumamaa). Maqaan macaafichaatti fufuunis boqonnaa kan keessaa akka filatem ibsa (fakkeenyaaf: booqonnaa 2). Itti fuffuunis lakkofsa meeqarraa akka fudhatame (fakkeenyaaf: lakk. 3). Kanaafis Uumama boqonnaa lama lakkooqfsa sadii akkasitti ibsama: Uumama 2:3.

Kan fudhatame:
www.clearandsimplemedia.org

Macaafa kana haala elektrioonika ta'een argachuu yoo barbaaddan:
www.asimpleword.org

Kan hiikame:
www.christian-translation.com

Deebileen tokko tokka kukkutaa jechootaa qabaachuu danda'u (Fkn: Gaaffii 4)

KUTAA TOKKO

WAAQAA FI NAMA

Gaaffilee 1amma 26

KUTAA LAMA

CUBBUU FI SEERA

Gaaffilee 27 amma 62

KUTAA SADII

KRISTOOSII FI FAYYINA

Gaaffilee 63 amma 90

KUTAA AFUR

HAFUURA QULQULLUU FI MANA AMANTII

Gaaffilee 91 amma 117

KUTAA SHAN

KADHANNAA FI ABDII

Gaaffilee 118 amma 144

Mallattoo kana yeroo argitan*, wanti inni ibsu jecha kana kuufama jechootaa xumura kitaaba kanaarra jiran kessatti jecha kana akka argattan ibsa.

KUTAA TOKKO

WAAQAAFI NAMA

G.1 Eenyutu si uume?

A. Waaqatu na uume.

Uumama 1:26-27; Uumama 2:7; Fakkeenya 17:26

G.2 Kan biraahoo Waaqayyo maal uume?

A. Waaqayyo waan hundumaa uume.

Uumama 1:31; Faarfannaa 33:6-9; Qolaasiyaas 1:16-17

G.3 Waaqayyo maaliif si'iifi waan hundaa uume?

A. Waaqayyo ulfina isaaf jedhee anaaf si uume*.

G.4 Akkamitti ulfina* waaqayyoof laatta?

A. Isa jaallachuufi amantiidhaanin Waaqayyoof ulfina laadha. Akkasumas ajaja isaa raawachuun.

Maatiwoos 5:16; Yohaannis 14:21; 1 Yohannis 5:3

G.5 Maaliif ulfina* waaqayyoof laachuun nurra jiraate?

A. Gatii inni na uumeefi akkasumas eegaakoo ta'eef

Faarfannaa 145:9; 1Pheexiroos 5:7; Mul'ata Yohaannis 4:11

G.6 Waaqolee meeqatu jira?

A. Waaqa tokko qofaatu jira.

Seera keessa deebii 6:4; Isaayyaas 45:5; Ermiyaas10:10

G.7 Waaqni kun haala meeqaan argama?

A. Waaqayyo haala sadiin argama.

Maatiyoos 3:16-17; Yohaannis 10:30; Yohaannis 15:26

G.8 Isaanis eenyu?

A. Abbaa, Ilmaafi Hafuura qulqulluu*.

Maatiyoos 28:19; 2Qoronxoos 13:14; 1Pheexiroos 1:2

G.9 Waaqayyo maali?

A. Waaqayyo hafuura*. Akka namaa foon hin qabu.

Yohaannis 4:24; 2 Qoronxoos 3:17; 1Ximootiyoos 1:17

G.10 Waaqayyo jalqaba qabaa?

A. Lakki, Waaqayyo kan turee fi kan jiraatudha.

Seera ba'uu 3:14; Faarfannaa 90:2; Isaayyaas 40:28

G.11 Waaqayyo injijjiiramaa?

A. Lakki, Waaqayyo yeroo hundaa sanuma.

Faarfannaa 102:26-27; Milkiyaas raajicha 3:6; Hibiroota 13:8

G.12 Waaqayyo eessa jira?

A. Waaqayyoo iddoo hunda jira.

Faarfannaa 139:7-12; Ermiyaas 23:23-24; Hojii ergamootaa 17:27-28

G.13 Waaqa arguu ni dandeessaa?

A. Lakki, ani waaqa arguu hindanda'u inni garuu yeroo hundaa na arga.

Faarfannaa 33:13-15; Fakkeenya 5:21; Yohaannis 1:18; 1Ximootiyoos 1:17

G.14 Waaqayyo waan hundumaa beekaa?

A. Eeyyee, Waaqayyo waan hundumaa ni beeka. Waan tokkollee isa dhoksuu hin danda'u

1 Saamu'eel 2:3; Fakkenya 15:3; Hibiroota 4:13

G.15 Waaqayyo waan hundaa ni danda'aa?

A. Eeyyee, Waaqayyo waanta qulqulluu* barbaade hundaa gochuu ni danda'a.

Isaayyaas 46:9-10; Daani'eel 4:34-35; Efesoon 1:11

G.16 Waaqayyoon Jaalachuu, Amantiifi Abboomamuu eessaan barachuu danda'a?

A. Dubbiisaa macaafa qulqulluu keessatti Waaqayyoon Jaalachuu, Amantiifi Abboomamuu barreeffamanii jiru.

Faarfannaa 119:104-105; Yohaannis 20:30-31; 2Ximootiyoos 3:15

G.17 Macaafi qulqulluun maal si barsiisa?

A.Macaafni qulqulluun waanti inni nu barsiisu dhugaa waa'ee Waaqayyoo fi karoora inni karaa yesuus kiristoos biyya lafaa fayyisuuf qabudha. Innis dhugaa waa'ee kootii na barsiisa.

Faarfannaa 119:159-160; Yohaannis 17:17; 2Ximootiyoos 3:14-17

G.18 Eenyutu macaafa qulqulluu barreesse?

A. Namoota waaqayyoon geggeefamaniifi hafuurri qulqulluun* isaan barsiise.

2Pheexiroos 1:20-21; 2Pheexiroos 3:15-16

G.19 Maatiin keenya warri jalqabaa eenyu turan?

A. Addaamiifi Heewaan.

Uumama 3:20; Uumama 5:1-2

G.20 Akkamitti waaqayyo maatii keenya warra jalqabaa uume?

A.Waaqayyo Addaamiin dhoqqeerraa erga uumee booda Hewaaniin immoo qaama Addaam keessaa uume.

Uumama 2:7; Uumama2:21-23; Uumama 3:19; Faarfannaa 103:14

G.21 Addaamiifi Heewaan uumama warra kan biroo irraa maalaiin adda ta'an?

A. Waaqayyo Addaamiifi Heewaaniin bifa isaan uume.

Uumama 1:26-27

G.22 Akkamittiin bifa waaqayyoo addaamiifi Heewaan keessatti argina?

A. Waaqayyo uumama isaa irratti bulchiinsa laateef. Isaanis dhugaan maal akka ta'e ni hubatu. Waanta sirrii ta'es ni jaallatu. Waanta bareedaa ta'eeni ni bashannanu. Waanta Waaqa gammachiisus ni hojjetu. Waaqaafi walii isaanii wajjinis haasawuu ni danda'u.

Uumama 1:26-27; Uumama 2:7-9; Faarfannaa147:10-11; Filiphiisiyoos 4:8

G.23 Foon isaaniirraa kan hafe Addaamiif Hewaaniif Waaqayyo maal laateef?

A. Lubbuu* barabaraan hinduune isaaniif Laate.

Uumama 2:7; Seera keessa deebii 6:5; Macaafa Lallabaa 12:7; Maatiyoos 16:26

G.24 Akkuma qaama qabdu lubbuus qabdaa?

A. Eeyyee, Lubbuu* qaba kan barabaraan jiraattu yoomillee hin duune.

Zakkaariyaas 12:1; Hojii ergamootaa 7:59; 2Qoronxoos 5:8

G.25 Yeroo Waaqayyo isaan uume Addaamiifi Hewaan maal fakkaatu turan?

A. Waaqayyo qulqulluu fi gammadoo godhee isaan uume. Iddoo gannata Waaqayyo isaaniif uume keessa isaa wajjin jiraatu turan.

Uumama 1:26-28; Uumama 2:15-17; Uumama 2:25; Faarfannaa 8:4-8.

G.26 Waaqayyo Addaamiif Heewaanirraa maal eega ture?

A. Waaqayyo akka isa amananiifi abboomamaniif barbaada ture.

Uumama 2:15-17; Faarfannaa 8:4-8

KUTAA LAMA

CHUBBUU FI SEERA

G.27 Addaamiifi hewaan abboommii waaqayyoo eeguudhaan barasaanii qulqullummaadhaan* jiraatanii?

A. Lakki, isaan abboomamoo hin turre. Waaqayyo irratti cubbuu hojjetan.

Uumama 3:6-8

G.28 Cubbuun* maalinni?

A. Cubbuu jechuun waanta Waaqni nu ajaje raawwachuu dhiisuu, waanta inni dhorkemmoo hojjechuu jechuu dha.

Roomee 1:32; Yaaqoob 2:10-11; Yaaqoob 4:17 1Yohaannis 3:4

G.29 Gatiin cubbuu maalinni?

A. Gatiin cubbuu hundaa dheekkmasaa fi adabbii Waaqaati.

Seera keessa deeebii 27:26; Roomee 1:18; Roomee 6:23; Eefesoon 5:6

G. 30 Cubbuun maatii keenya warra jalqabaa maal ture?

A. Firee Waaqni hin nyaatinaa jedhee dhorke nyaatani

Uumama 2:16-17; Uumama 3:6

G.31 Eenyu kan akka isaan cubbaman* godhe?

A. Seexanni hewaaniin gowwomse isheen immoo Addaamiif firee kuttee laatteef.

Uumama3:1-5; Yohaannis 8:44; 2Qoronxoos 11:3; Mul'ata Yohaannis 12:9.

G.32 Yeroon maatiin keenya warrri jaqabaa cubbaman biyya lafaa irratti maaltu ta'e?

A. Waaqayyo abaarsa biyya lafaa irratti dabarse. Akkuma waaqayyo isaan akeekkachiise du'is gara biyya lafaa irratti dhufe.

Uumama 2:15-17; Umama 3:16-17

G.33 Erga chubbamaniin booda Maatii keenya warra jalqabaa irratti maaltu ta'e?

A. Waaqayyo Addaamiifi Hewaaniin gannata keessaa ni ari'e. Isa booda qulqullummaafigammachuunis inhafe. Cubbuu, gaabbii, qaaniifi sodaan isaan dhuunfate.

Uumama 3:8-13;16-19; 23

G.34 Gatii Addaam cubbameef isatti aansuun warra jiraatan irratti maaltu ta'e?

A. Dhaooltni hundumtuu Addaamiifi Hewaaniin booda dhalatan dhalootaan cubbamoo ta'an.

Faarfannaa 51:5; Roomee 5:18-19; 1Qoronxoos 15:21-22

G.35 Waaqayyo biyya lafaa abaarsa jalatti dhiisee? Namootas cubbuu isaanii keessatti dhiisee?

A. Lakki, Waaqayyo isaan oolchuu filate. Kanaafis fayyisaa isaaniif erguuf waadaa gale.

Maatiyoos 1:21; Yohaannis 3:16-17; 1Yohaannis 4:14

G.36 Kakuun maaalinni?

A. Kakuu waadaa cimaa namoota lamaafi isaa ol ta'an gidduutti godhamuudha.

G.37 Kakuu Waaqayyo saba Israaelii* wajjin godhe maal ture?

A. Waaqayyo maatii Abrahaamiif saba guddaa akka isaan godhu waadaa galee ture. Saba hundumaas karaa Abrihaamiin eebbisuuf waaqayyo kooluu gale.

Waaqayyo Museef seera laate. Musee wajjin ta'uuf akkasumas yoo isaan isaaf abboomaman seera isaa duukaas bu'an Isiraa'eliin eebbisuuf kooluu gale.

Daawwitiijjinimmoo akka ilmisaa keessaa tokko Mootii guddaafi barabaraan bulchaa ta'u waadaa gale.

Guyyaa tokkos akka kakuu haaraa godhu waadaa gale. Namootas cubbuu isaanii dhiisuufiifi laphee isaanii jijjiiruuf waadaa gale.

Uumama 12:1-3; Uumama 15; Seera ba'uu 24:3-7; 2Saamu'ee 7:16; Ermiyaas 31:31-34

Abboommii Kurnan

G. 38 Abboommiin kurnan maal isaan?

A. Abboommiin kurnan dubbiiwwan Waaqayyo saba Isiraa'eliif* jedhee Museetti laate dha. Waaqayyo ofiisaatii gabatoota dhagaa lama irratti barreesse.

Seera ba'uu 31:18; Seera keessa deebii 9:10

G. 39 Abboommiin kurnan kun maal turan?

A. Waaqayyoolii kan biroo tokko illee ana bukkeetti hin qabaatin

Bifa qirixame fakkeenya wanta ol waaqa irra jiruu gad lafarra jiru yookiis bishaan keessa lafa jala jiru hin tolfatin.

Maqaakoo maqaa Waaqayyo gooftaa keetii akkasumaan hin dhahin

Guyyaa sanbataa qulqullinatti eeguudhaaf yaadadhu.

Abbaafi haadhakeef ulfina kenni.

Hin ajjeesin

Hin Ejjin

Hin hatin.

Nama irratti sobaan dhugaa hin ba'in.

Mana namaa duraa fudhachuudhaaf hin hawwin.

Seera ba'uu 20:1-17

G. 40 Abboommii inni jalqabaa maalinni?

A. Abboommii inni jalqabaa: Waaqayyoolii kan biro tokko illee ana bukkeetti hin qabaatin.

Seera ba'uu 20:3 Isaayyaas 45:5-6

G. 41 Abboommii inni jalqabaa maal barsiisa?

A. Abboommiin inni jalqabaa akka nu'I Waaqa qofa waaqeffannu nu barsiisa.

Faarfannaa 44:20-21; Maatiyoos 4:10; Mul'ata yohaannis 22:8-9

G.42 Abboommiin inni lammaffaan maalinni?

A. Abboommiin inni lammaffaan: Fakkeenyolee kan biro akka hin waaqeffanneefi hin sagadneef nu ajaja.

Seera ba'uu 20:4-6; Seera keessa deebii 5:8-10

G.43 Abboommii lammaffaan maal nu barsiisa?

A. Abboommiin inni lammaffaan waanti inni na barsiisu fakkeenyota biro akkan hin waaqeffanneefi hin saganne.

Isaayyaas 44:910-11; Isaayyaas 46:5-9; Hojii ergamootaa 17:29

G.44 Abboommii inni sadaffaan maalinni?

A. Abboommii inni sadaffaan: Maqaa koo maqaa waaqayyo gooftaa keetii akkanumaan hin dhahin.

Seera ba'uu 20:7; Seera keessa deebii 5:11

G.45 Abboommii inni sadaffaan maal nu barsiisa?

A. Abboommii inni sadaffaan waanti inni nu barsiisu maqaa waaqayyoo akkasumaan akka hin dhoofne.

Isaayyaas 8:13; Faarfannaa 138:2; Mul'ata Yohaannis 15:3-4

G.46 Abboommii inni afraffaan maalinni?

A. Abboommiin inni afraffaan: Guyyaa sanbataa* qulqullinatti eeguudhaaf yaadadhu.

Seera ba'uu 20:8-11; Seera keessa deebii 5:12-15

G.47 Abboommiin inni afraffaan maal nu barsiisa?

A. Abboommiin inni afraffaan guyyaa boqonnaa, guyyaa hojii waaqayyoon akka kabajnufi yaadannu nu barsiisa.

Seera ba'uu 16:23 Isaayyaas 58:13-14

G.48 Abboommiin inni shanaffaan maalinni?

A. Abboommiin innni shanaffaan: Abbaafi Haadha keef ulfina kenni.

Seera ba'uu 20:12; Seera keessa deebii 5:16

G.49 Abboommiin inni shanaffaan maal nu barsiisa?

A. Abboommiin inni shanaffaan akka nuti Abbaafi haadha keenya kabajnuu fijaallannu nu barsiisa.

Fakkeenya 1:8; Efesoon 6:1-3; Qolaasiyaas 3:20

G.50 Abboommiin inni ja'affaan maalinni?

A. Abboommiin inni ja'affaan: Hin ajjeesin jedha

Seera ba'uu 20:13; seera keessa deebii 5:17

G.51 Abboommiin ja'affaan maal nu barsiisa?

A. Abboommiin ja'affaan akka nuti namoota kan biroo hin jibbineefi lubbuu isaanii hin baafne nu barsiisa.

Uumama 9:6; Maatiwoos 5:21-22; 1Yohaannis 3:15

G.52 Abboommiin inni torbaffaan maalinni?

A. Abboommiin torbaffaan Hin ejjin jedha.

Seera ba'uu 20:14; Seera keessa deebii 5:18

G.53 Abboommiin torbaffaan maal nu barsiisa?

A. Abboommiin torbaffaan walquunnamtii saalaa abbaa manaa ykn haadha manaa keen ala akka hin raawwanne nu barsiisa.

Maatiyoos 5:27-28; Eefesoon 5:3-4

G.54 Abboommiin Saddeettaffaan maalinni?

A. Abboommiin inni saddettaffaan: Hin hatin jedha.

Seera ba'uu 20:15; seera keessa deebii 5:19

G.55 Abboommiin saddeettaffaan maal nu barsiisa?

A. Abboommiin saddeettaffaan waanta kan keenya hin taane akka nuti hin hatne nu barsiisa.

Seera ba'uu 23:4; Fakkeenya 21:6-7; Efesoon 4:28

G.56 Abboommiin sagalaffaan maainni?

A. Abboommiin sagalaffaan: Nama irratti sobaan dhugaa hin ba'in jedha.

Seera ba'uu 20:16; Seera keessa deebii 5:20

G.57 Abboommiin sagalaffaan maal nu barsiisa?

A. Abboommiin sagalaffaan amanamoo akka taanuu fi dhugaa akka dubbannu nu barsiisa.

Faarfannaa 15:1-3; Fakkeenya 12:17; 1Qoronxoos 13:6

G.58 Abboommiin kurnaffaan maalinni?

A. Abboommiin kurnaffaan: Mana namaa duraa fudhachuuf hin hawwin jedha.

Seera ba'uu 20:17; Seera keessa deebii 5:21

G.59 Abboommiin kurnaffaan maal nu barsiisa?

A. Abboommiin kurnaffaan waanti inni barsiisu waanta qabnutti gammannee akka jiraannu nu barsiisa.

Filiphiisiyoos 4:11; 1Ximootiyoos 6:6; Hibiroota 13:5

G.60 Sabni Isiraa'eel abboommii Waaqayyo karaa Musee laateef raawwatanii turanii?

A. Lakki Isaanoo seera Waaqayyoo cabsanii Waaqnis isaan akeekkachiisuun isaan adabee ture.

Seera keessa deebii 9:12; Isqi'eel 39:23

G.61 Namni tokko Abboommii Waaqayyoo guutummaatti eeguu ni dandaa'aa?

A. Addaam abboommii Waaqayyoo cabse. Guyyaa sanaa kaasee namni foon uffate tokkollee abboommii Waaqayyoo seeraan eeguu hin dandeenye.

Macaafa Lallabaa 7:20; Roomee 3:23; Yaaqoob 2:10

G.62 Abboommiin kurnan kun maal nu hubachiisu?

A. Abboommiin kurnan waanti isaan nu barsiisan Waaqayyo gaariifi qulqulluu akka ta'e dha. Kan isaan nu hubachiisanis Waaqayyoof akkasumas namootaaf jaalala akka qabaannudha. Akkasumas nuti cubbamootaaf ajajamoo akka hin taane nutti agarsiisa. Kanaaf Fayyisaan* akka nu barbaachisus nutti agarsiisu.

Macaafa lallabaa 12:13; 1Ximootiyoos 1:8-9; Roomee 3:20; 5:13; 7:7-11; Gaaatiyaa 3:19-24

KUTAA SADAFFAA

KIRISTOOSIIFI FAYYINA

G.63 Fayyisaan* eenyu?

A. Fayyisaan* cubbamootaa* Goqoftaa Yesuus Kiristoos qofa.

Luqaas 2:11; Hojii Ergamootaa 4:11-12 1Ximootiyoos 1:15

G.64 Kiristoos Yesuus eenyu inni?

A. Yesuus kiristoos ilama waaqayyoo bara baraan* jiraatu dha.

Yohaannis 1:1,14,18; Yohaannis 3:16,18; Galaatiyaa 4:4; Qolaasiyaas 1:15-18; Hibiroota 1:1-3; 1Yohaannis 5:20

G.65 Waaqayyo maaliif ilmasaa tokkicha gara biyya lafaatti erge?

A. Waaqayyo akkasumaan gatii nu jaallateef ilmasaa biyya lafaatti erge. Ilmasaas kan inni ergeef gatii abbaa dhiifamaafi garraamii* ta'eef.

Faarfannaa 103:8-11; Yohaannis 3:16-17; Roomee 5:7-8; Efesoon 2:4-5; 1Yohaannis 4:9-10

G.66 Yesuus Kiristoos Waaqas namas turee?

A. Eeyyee, Yesuus kiristoos Waaqa guutuufi nama guutuu ture.

Yohaannis 1:1-3, 14; Filiphiisiyoos 2:5-11; Qolaasiyaas 2:9; Hibiroota 2:14-18

G.67 Fayyisaan* Yesuus Kiristoos hojii maali hojjetee ture?

A. Inni karaa hundumaa waaqayyoof ajajamaa ture gatii cubbamoota* hundaafis adabbii fudhate.

Roomee 8:3-4; filiphiisiyoos 2:7-8; Hibiroota 4:15; Hibiroota 9:14-15

G.68 Yesuus maaliif du'e?

A. Gatii cubbamootaa* du'uudhaan Yesuus kristoos dheekkamsa Waaqayyo biyya lafaa irraa kaase.

Maarqos 10:45; 2Qoronxoos 5:19-21; Galaatiyaa 3:13

G.69 Ilmi Waaqayyoo inni bara baraa gatii cubbamootaa akkamitti dhiphate?

A. Yesuus ilmi waaqayyoo nama ta'e.

Yohaannis 1:14; Galaatiyaa 4:4,5; Qolaasiyaas 2:9

G.70 Ilmi Waaqayyoo akkamitti nama ta'e?

A. Hafuura qulqulluudhaan ulfeeffamee Maariyaam durba* irraa dhalate.

Isaayyaas 7:14; Malatiyoos 1:18-21

G.71 Yesuus kiristoos biyya lafaa irra jireenya akkamii jiraate?

A. Jireenya salphaa, maqaa gaarii* fi gad of qabee jiraate.

Maatiyoos 8:20; Maatiyoos 11;28-30; luqaas 4:18-19; 2 Qoronxoos 8:9; 2Qoronxoos10:1.

G.72 Gooftaan* Yesuus Kiristoos cubbuu* hojjetee beekaa?

A. lakki Inni Qulqulluu fi komee kan hin qabne ture.

Yohaannis 8:29; 2OQoronxoos 5:21; Hibiroota 7:26; 1 Pheexiroos 2:21-23.

G.73 Yesuus kiristoos du'a akkamii du'e?

A. Kristoos fannoo* irratti du'e.

Luqaas 23:33; Galaatiyaa 3:13; Filiphiisiyoos 2:8

G.74 Kiristoos erga du'ee booda boolla keessatti hafee?

A. Lakki, Kiristoos guyyaa sadaffaatti du'aa ka'e.

Maatiyoos 28:5-7; Luqaas 24:5-8; Roomee 4:25; 1Qoronxoos 15:3,4

G.75 Waaqayyo cubbuu isaaniirraa warra kam fayyise?

A. Waaqayyo warri inni fayyise warra cubbuu* Qalbii jijjiirratani*. Warra Gooftaa* Yesuus kiristoositti amanani.

Maaroqos 1:14,915; Yohaannis 3:16-18; Hojii ergamootaa 20:21

G.76 Qalbii jijjiirrachuu* jecguun maal jechuu dha?

A. Qalbbii jijjiirachuu* jechuun dhiifama cubbuu* gaafachuu fi gatii Waaqayyoon gaddisiisuuf cubbuu koo irraa deebi'uu jechuudha.

Luqaas 19:8-10; 2Qoronxoos 7:9-10 1Tasaloonqee 91:91-10

G.77 Kiristoositti amanuu yookiin dhugummaa isaa fudhachuu jechuun maal jechuu dha?

A. Kiristoositti amanuu jechuun dhugummaa Yesuus fudhachuu jechuu dha.z

Yohaannis 14:6; Hojii ergamootaa 4:12; 1Ximootoyoos 2:5; 1Yohaannis 5:11-12

G.78 Humna keetiin qalbii jijjiirrachuu* fi Kiristoositti amanuu ni dandeessaa?

A. lakki gargaarsi hafuura qulqulluu* na barbaachisa.

Ermiyaas 13:23; Yohaannis 3:5-6; Yohaannis 6:44; 1Qoronxoos 2:14

G.79 Dhugaa waa'ee Kiristoos namootni eessaa argatu?

A.z Macaafa qulqulluu keessa, oduu haaraa isa waa'ee Fayyisaa* biyya lafaaf dabarse.

Maarqos 1:1; Hojii ergamootaa 15:7; Roomee 1:16-17

G.80 Ammawoo Fayyisaan* keenya Yesuus maal nuu ta'e?

A. Yesuus Kiristoos amma nu'iif Mootii, luba keenyaa fi Abbaa mul'ataa* keenya.

Maatiyoos 13:57; Yohaannis 18:37; Hibiroota 5:5-6 Mul'ata Yohaannis 1:5

G.81 Yesuus Kiristoos akkamitti Abbaa mul'ataa ta'e?

A. Sababni isaa Waaqayyo eenyu akka ta'e kan nutty agarsiise isa. Akkasumas akkamitti akka isa gammachiisnu kan nu barsiise isa

Seera keessa deebii 18:18; Yohaannis 1:18; Yohaannis 4:25-26; Hojii ergamootaa3:22 1Yohaannis 5:20

G. 82 Maaliif Waaoqayyo akka Abbaa mul'ataatti* nu barbaachise?

A. Sababni isaa karaa isaa malee nuti Waaqayyoon baruu hin dandeenyu.

Maatiyoos 11 :25-27; Yohaannis 17:25-26; 1Qoronxoos 2:14-16

G.83 Yesuus Kiristoos akkamitti luba nuuf ta'e?

A. Gatii keenya du'uudhaan Waaqatti nu araarse.

Faarfannaa 110:4; Hibiroota 7:20; Isaayyaas 53:6; Roqomee 3:10-12 Roomee 3:23; Yaa'iqoob 2:10

G.85 Yesuus Kiristoos akkamitti Mootii ta'e?

A. Bulchaa keenyaa fi Eegaa keenya ta'uusaan.z

Faarfannaa 2:6-9; Efesoon 1:19-23; Mu'ata Yohaannis 15:3-4

G.86 Kiristoos maaliif akka Mootiitti nu barbaachise?

A. Sababni isaa nuti dadhaboofi sodaatoo dha.

2Qoronxoos 12:9-10; Filiphiisiyoos 4:13; Qolaasiyaas 1:11-13; Hibiroota 13:5-6; 2Ximootiyoos 1:12

G.87 Yesuus Kiristoositti amanuu keenyaan eebba* akkamii arganna?

A. Waaqayyo dhiifama* nuuf godhee eebba isa hin dhumnerraas* nuuf laate.

Waaqayyos akka ijoolleesaatti nu fudhachuun maatiisaatti ol nu dabale.

Waaqayyo garaa* keenyaa fi qalbii keenyas nuu qulleesse*.

Yeroo du'aa ka'uufis* qaamaafi lubbuu* keenya nuu qopheesse.

Roomee 5:18; Galaatiyaa 4:4-6; Efesoon 1:5; Hibiroota 10:10-14; 1 Yohaannis 3:2

G.88 Waaqayyo kaninni eebbasaa* naaf laatee gatii hojii gaarii kootiitii?

A. Lakki, Waaqayyo kan inni eebbasaa naaf laate gatii tolasaati*. Isaan anaaf hin tolle ture hojii gaarii koofis miti.

Isaayyaas 64:6; Efesoon 2:8-9; Ximootiyoos 3:4-7

G. 89 Dhugumaan Waaqayyo warra qalbii jijjiirrataniifi* itti amananirraa eebbasaa* in deebisaa?

A. lakki, Yesuus Fayyisaa* ta'uu warra isatti amanan* takkaa hin dhiisu.

Yohaannis 10:27-30; Roomee 8:38-39; Filiphiisiyoos 1:6; 1Pheexiroos 1:3-5.

G.90 Gargaarsi* Waaqayyoo maalinni?

A. Gargaarsi waaqayyoo gaarummaafi jaalala inni osoo nuuf hin tolin nuuf laate dha.

Seeera ba'uu 34:6; Efesoon 1:7-8; 2Qoronxoos 8:9

KUTAA AFUR

HAFUURA QULQULLUUFI WALDAA KIRISTAANAA

G.91 Waaqayyo warra Yesuus Kiristoosiin akka fayyisaatti fudhatanirraa maal eega?

A. Akka isaan garaa* fi qalbii qulqulluu qabaatan barbaada. Akka isaan Kiristoos Yesuusiin fakkaatan barbaada.

Efesoon 1:4; 1Pheexiroos 1:15; 2Qoronxoos 7:1

G.92 Waaqayyo akkamitti garaa*fi qalbii keenyaan ququlluu nu godhe?

A. Waaqayyo garaa* haarawaa nuuf kenne. Akkasumas Hafuura qulqulluu nuuf kenne.

Isqi'eel 36:26; Roomee 8:1-14; Galaatiyaa 5:22-26; Efesoon 1:13

G.93 Hafuurri qulqulluun* eenyu?

A. Hafuurri qulqulluun* Waaqa. Waaqayyo Abbaa fi Waaqayyi Ilmi Hafuura qulqulluu* nuuf ergan.

Maatiyoos 28:19; Yohaannis 14:26, Yohaannis 15:26; 2Qoronxoos 13:14

G.94 Hafuurri qulqulluun* amma maal nuuf ta'e?

A. Hafuurri qulqulluun warra Yesuusitti amananiif Geggeessaa, Gargaaraa fi Qabbaneessaa dha.

Yohaannis 16:7-8, 12-15; Roomee 8:14-16; 1Qoronxoos 6:19 Efesoon 1:14.

G.95 Hafuurri qulqulluun akkanni na qulleesse akkamiinan beeka?

A. Yesuus Kristoosiin fakkaachuutti guddachuudhaan. Bu'aa hafuura qulqulluu yaada garaa* koo fi qalbiikootiinin beekuu danda'a.

Qolaasiyaas 1:9-12; Efesoon 3:16

G.96 Bu'aan hafuuraa maalinni?

A. Bu'aan hafuuraa Jaalala, gammachuu, nagaa, obsa, gaarummaa, arjummaa, amanamummaa fi garraamummaadha.

Galaatiyaa 5:22-23

G. 97 Yoo duuka buutuu Yesuus taate yeroo hundaa ni arjoomtaa*?

A. Lakki, tarii yeroo tokko tokko rakkoon na quunnamuu danda'a. yeroo tokko tokkommoo dhiphinniifi jibbamuun akkuma Yesuus irra gahe narras ga'uu ni danda'a.

Yohaannis 15:18-19; 2Ximootiyoos 3:12; Roomee 8:23-25; Yaaqoob 1:2-4; 1Pheexiroos 4:12-13

G.98 Yeroo rakkinaa Waaqayyo akkamitti si gargaara?

A. Nageenya naaf laachuuf hafuura isaa naaf kenne.Ana eeguufis jedhee waldaa kiristaanaa naaf laate. Karaa hundumaa gaarummaa laachuuf ulfinasaaf jedhee waadaa naaf galeera.

Roomee 5:3-5; Roomee 8:18; 1Tasaloonqee 5:11; 1 Pheexiroos 4:12-19; 1Pheexiroos5:10

G. 99 Waldaan* biyyoolessaa maalinni?

A. Waldaan* biyyoolessaa namoota Waaqayyoon bilisa ba'aniin* dhaabbate.

Waldaan* maatii Waaqayyo abbaati. Qaama ilma Waaqaa gooftaa Yesuus ti. Inni iddoo hafuurri qulqulluu jiraatu dha.

1 Qoronxoos 12:27; Efesoon 3:14-15; Efesoon 5:23; Qolaasiyaas 1:24; Hibiroota 2:11

G.100 Waldaa* Naannoo jechuun maaainni?

A. Waldaan naannoo walitti qabama nlamootaa warra Waaqayyotti amananiifi barsiisa isaafis ajajamani. Waliijjin Waaqayyoon waaqoeffatu. Waliin macaafota baratu akkasumas dhaggeeffatu. Walii isaaniis walgargaaru. Mootummaa Waaqayyoon* bal'isuufis waliijjin hojjechaafi kadhachaa jiraatu. Akkasumas amantoota ni cuubu irbaata gooftaas ni fudhatu.

Maatiyoos 28:19-20; Hojii ergamootaa 2:41-42; Hojii ergamootaa 8:36-39; Hojii ergmootaa 14:23 Roomee 6:1-5; 1Qoronxoos 11:23-26; Tiitoo 1:5

G.101 Miseensa waldaa naannoo ta'uu qabdaa?

A. Eeyyee, waldaan naannoo uummata akkan amantii guddadhuuf jabaadhee dhaabadhu na gargaarani dha. Iddoon itti Yesuusiif ajajamuufi abboommii haaraa itti baradhu dha.

Hibiroota 10:24-25

G.102 Abboommii inni haaraan Yesuus waldaaf laate maalinni?

A. Yesuus akkas jedhe, "waljaalladhaa. Akkan isin jaalladhe walii keessan waljaalladhaa".

Yohaannis 13:34

G.103 Jaalala kana akkamitti walii keenyaaf laanna?

A. Jaalala kanas kan nuti walitti agarsiisnu gara laafummaan, waliif qadhachuuniifi dhiifama waliif gochuuni. Akkasumas wal-kabajuun*, walgargaaruuniifi wal jajjabeessuun. Jaalala kana kan nuti agarsiisnu dhugaa walitti dubbachuuniifi fedha warra kaaniif dursa laachuun.

Roomee 12:10; Efesoon 4:32; Qolaasiyaas 3:9,13; 1Tasaloonqee 4:18; Yaaqoob 5:16

G.104 Cuubbaan* maalinni?

A. Cuubbaa jechuu gaggeessaan waldaa namoota bishaan keessa ciibsuun daqiiqaa muraasaaf erga tursee booda baasa. Kanas Maqaa Abbaa, Ilmaafi Hafuura qulqulluun raawwatu.

Maatiyoos 3:6,16; Maarqos 1:5; Hojii ergamootaa 8:12

G.105 Cuubbaan* eenyuuf hayyamama?

A. Cuubbaan* warra cubbuu* isaaniif qalbii jijjiirratan hundumaafi. Innis warra birmadummaa* baasuu Kiristoositti amananiif ta'a.

Hojii ergamootaa 2:38,39; Hojii ergamootaa 8:36-37; Hojii ergamootaa 16:30-33

G.106 Cuubbaa* jechuun maal jechuu dha?

A. Cuubbaa* jechuun mallattoo amantootni* du'uu, awwaalamuu fi du'aa ka'uu Kiristoos wajjin tokko ta'uu ti. Innis kan inni ibsu ani qaama waldaasaa ta'uu kooti.

Hojii ergamootaa 16:30-33; Roomee 6:3-5; Qolaasiyaas 2:12

G.107 Kiristaanotni akkamitti akka Yesuus isaaniif du'e wal yaadachiisu?

A. Irbaata gooftaa waliijjin fudhachuun waliif irmaanna.

Maarqos 14:22-24; 1 Qoronxoos 11:23-29

G.108 Irbaatni Gooftaa* maalinni?

A. Irbaata Gooftaa* irratti daabboo waliin nyaanne xuwwee keessas waliin dhugna. Kanaanis nuuf du'uu Yesuus kiristoos yaadanna.

Maarqos 14:22-24; 1Qoronxoos 11:24

G.110 Dhugaatiin xuwwee keessaa maal ibsa?

A. Dhugaatiin xuwwee waa'ee dhiiga Kiristoos dubbata. Birmaduu* nu baasuuf isanni nuuf dhiige.

Maatiyoos 26:27-28; 1Qoronxoos 11:25; Hibiroota 9:26-28

G.111 Irbaata Gooftaa* eenyutu nyaachuu qaba?

A. Irbaatni gooftaa namoota hundumaa cubbuu* isaaniif qalbii jijjiirrataniif. Akkasumas warra birmaduu* baasuu Yesuus Kiristoositti amananiif.

1Qoronxoos 10:16,17; 1Qoronxoos 11:18-19

G.112 Cuubbaa* fi Irbaata Gooftaa* eenyutu waldaadhaaf laate?

A. Gooftaa* Yesuus Kiristoos.

Maatiyoos 26:26-29; Maatiyoos 28:18-20

G. 113 Yesuus kiristoos maaliif Cuubba*fi Irbaata qulqulluu waldaadhaaf* laate?

A. Yesuus kiristoos kana nuuf kennuun isaa sabni isaa kansaa ta'uu isaanii agarsiisuufi. Hojiin kun wanta Yesuus Kiristoos nuuf raawwate nu yaadachiisa.

Maatiyoos 28:19; Roomee 6:1-5; 1Qoronxoos 11:23-26

G.114 Abboommiin Waaqayyo waldaa* biyya lafaaf laate inni dhumaa maal ture?

A. Aangoon hundumtuu kan biyya waaqarraa* fi biyya lafaarraa anaaf laatame. Dhaqaa saba hundumaa duuka bootota koo godhaa. Maqaa Abbaa, Imaafi hafuura qulqulluun* cuubaa*. Dhaqaa waanta ani isin abboome akka raawwataniifis barsiisaa. Kanaanis akkan amma dhumaatti isinii wajjin jiru raga argattu.

Maatiyoos 28:18-20

G.115 Guyyaan Gooftaa* maalinni?

A. Guyyaan Gooftaa* guyyaa jalqabaa torbeeti. Kiristaanonni warri jalqabaa waaqeffannaaf* guyyaa sana walitti qabamu.

Hojii ergamootaa 20:7; 1Qoronxoos 16:2; Mul'ata Yohaannis 1:10

G. 116 Maaliif inni guyyaa Gooftaa* jedhame?

A. Sababni isaa guyyaa sana Kiristoos du'aa ka'e.

Maatiyoos 28:1-6; Luqaas 24:1-6; Yohaannis 20:1

G.117 Guyyaa Gooftaa* guyyaa addaa gochuun akkamitti dabarsu dandeenya?

A. Guyyaa Gooftaa* saba waaqayyoo wajjin waliitti qabamnee Waaqayyoon waaqessuun* Amantii keenya irrattis waljajjabeessuun* guyyaa addaa goonee dabarsuu dandeenya.

Faarfannaa 27:4; Roomee 12:9-13; Qolaasiyaas 3:16

KUTAA SADII

KADHANNAA FI ABDII

G. 118 Kadhannaan malinni?

A. Kadhannaan yeroo Waaqaajjin haasofnu jechuu dha. Gaarummaasaaf isa galateeffanna. Cubbuu keenyas Cubbuu* keenyas dhugaa baana. Wantoota isa gammachiisanis isa gaafanna.

Maatiyoos 6:6; Filiphiidiyoos 4:6; 1Yohaannis 5:14

G.119 Maqaa eenyuutiin kadhachuu qabna?

A. Maqaa Yesuusiin kadhachuu qabna.

Yohaannis 14:13-14;Yohaannis 16:23

G.120 Yoomii fi eessatti kadhachuu qabna?

A. Waaqayyoon iddoofi yeroo kamittuu kadhachuu dandeenya.

Maatiyoos 6:6; Efesoon 6:18; Hojii ergamootaa 21:5; Qolaasiyaas 4:2

G.121 Akkamitti akka kadhannu nu barsiisuuf Yesuus maal nuuf kenne?

A. Yesuus kadhannaa Gooftaa*nuuf kenne.

Maatiyoos 6:9-15; Luqaas 11:2-4

G. 122 Kadhannaan Gooftaa* maalinni?

A. Yaa Abbaa keenyaa

Waaqarra* kan jiraattu

Maqaan kee ha qulqullaa'u

Mootummaan kee haa dhufu

Jaalalli kee akka Waaqarratti* ta'e

Akkasumas lafarratti haa ta'u

Soora har'aaf boruu nuuf kenni

Kan nu yakkaniif* akka nu'I dhiifne

Yakkaa* keenya nuuf dhiisi

Qorumsatti nu hin gashin

Hamaa nu oolchi malee

Mootummaan kan keeti hoo

Jireenyi bara baraas amen

Maatiyoos 6:9-13

G.123 Kadhata Gooftaa* keessa gaaffilee meeqatu jira?

A. Gaaffilee ja'atu jira

G.124 Gaaffii inni jalqabaa maalinni?

A. " Maqaan kee haa qulqullaa'u"

Maatiyoos 6:9; Luqaas 11:2

G.125 Gaaffii jalqabaa kana irratti waa'ee maalii kadhanna?

A. Sabni hundinuu maqaa Waaqayoof akka ulfina laatu kadhanna.

Faarfannaa 8:1-2; Faarfannaa 72:18-19; Faarfannaa 113:1-3

G.126 Gaaffiin lammaffaan maalinni?

A. "Mootummaan* kee haadhufu".

Maatiyoos 6:10; Luqaas 11:2

G. 127 Kadhanna isa lammaffaa keessatti waa'ee maalii kadhanna?

A. Sabni biyya lafaaa hundinuu oduu gaarii kana dhagahee akka amanu kadhanna. Akkasumas Gooftaa* Yesuusiif akka Abbomaman kadhanna.

Yohaannis 17:20-21; Hojiii ergamootaa 8:12; Hojii ergamootaa 28:30-31; Mul'ata Yohaannis 11:15

G.128 Gaaffiin inni sadaffaan maalinni?

A."Jaalallii kee waaqarratti* akka ta'e akkasumas lafarratti haa ta'u"

Maatiyoos 6;10

G.129 Gaaffii isa sadaffaa irratti waa'ee maalii kadhanna?

A. Akkuma ergamootni* waaqarratti hojjetan namootnis biyya lafaa irratti fedha Waaqayyoo akka raawwatan kadhanna.

Faarfannaa 103:19-22; Faarfannaa 143:10

G. 130 Gaaffiin inni afraffaan maalinni?

A. “Kan nu ga’u buddeen keenya har’aa nuuf kenni”.

Maatiyoos 6:11; Luqaas 11:3

G.131 Gaaffii isa afraffaa keessatti waa’ee maalii kadhanna?

A. Qaama keenyaaf waanta nu barbaachisu hunda waaqayyo akka nuuf laatuuf kadhanna.

Faarfannaa 145: 15-16; Fakkeenya 30:8-9; Maatiyoos 6:31-33

G. 132 Gaaffii inni shanaffaan maalinni?

A. “Yakkaa* keenya nuuf dhiisi, kan nu yakkaniif* akka nuti dhiifne*.

Maatiyoos 6:12; Luqaas 11:4

G. 133 Gaaffii isa shanaffaa keessatti waa’ee maalii kadhanna?

A. Waaqayyo akka cubbuu* keeenya nuuf dhiisu* kadhanna. Akkasumas warra nu yakkaniif dhiifama* gochuu akka dandeenyu kadhanna.

Faarfannaa 51:2-3; Maatiyoos 5:23-24; Efesoon 4:32

G.134 Gaaffii inni ja’affaan maaalinni?

A. Hamaarraa nu oolchi malee qorumsatti nu hin galchin.

Maatiyoos 6:13; Luqaas 11:4

G.135 Gaaffii isa ja’affaa kessatti waa’ee maalii kadhanna?

A. Akka cubbuu irraa nu eeguufi qoramuutti akka nu hin galchine kadhanna.

Faarfannaa 119:11; 1Qoronxoos 10:13; 2Ximootiyoos 4:18

G. 136 Kadhannaan maal nu barsiisa?

A. Kadhannaan gargaarsa Waaqayyootti guutummaa guutuutti akka amannu* nu barsiisa.

Efesoon 6:18; Filiphiisiyoos 4:6; Hibiroota 4:16

G. 137 Kiristoos amma eessa jira?

A. Kirisoos amma Mootummaa Waaqayyoo* keessa jira, karaa mirga Abbaa isaatii.

Maarqos 16:19; Hojii ergamootaa 5:31; Roomee 8:34

G.138 Kiristoos gara biyya lafaa deebi'ee ni dhufaa?

A. Eeyyee, Saba biyya lafatti faraduudhaaf guyyaa dhumaatti deebi'ee ni dhufa. Akkasumasa warra isa eegan fudhachuudhaaf.

Maatiyoos 25:31-32; 2Tasaloonqee 1:7-9; 2 Ximootiyoos 4:1; Hibiroota 9:28

G.139 Yeroo du'aa qulqulloota irratti maaltu ta'a?

A. Foonni qulqulloota gara dhacheetti dabalama. Lubbuun isaa gara gooftaa* isaanii dhaqa.

Uumama 3:19; Lallaba 12:7; 2Qoronxoos 5:8

G.140 Yeroo du'aa namoota hamoo irratti maaatu ta'a?

A. Foonni namoota hamoo gara biyyootti dabalama. Lubbuun isaanii qorumsaan adabamti. Waaoqayyoq guyya firdiif isaan eega.

Luqaas 16:3-24; Yohaannis 5:28-29; 2pheeexiroos 2:9

G.141 Du'aan deebi'ee jiraachuu ni dandaa'aa?

A. Eeyyee, Yeroo Kiristoos deebi'ee dhufu warri du'an hundinuu in ka'u.

Daani'eel 12:2; Yohaannis 5:28-29; Hojii ergamootaa 24:14-15

G. 142 Guyyaa Kiristoos firdiif deebi'ee dhufutti namoota hamoo irratti maaltu ta'a?

A. Waaqayyo qorumsa hin dhumneen ibidda gaannama keessatti isaan adaba. Argamuu Waaqayyoo keessaa bara baraaf ari'amu.

Maatiyoos 25:41,46; Maarqos 9:47,48; Luqaas 12:5; Luqaas 16:23-26; 2Tasaloonqee 1:9; Mul'ata Yohaannis 20:12-15.

G.143 Namoota qulqullootaaf* maaltu ta'a?

A. Qulqullootni* gammachuun Waaqayyoon wajjin jiraatu. Samii haaraafi biyya haaraa keessa bara baraan Waaqayyoo wajjin jiraatu.

Isaayyaas 66:22-23; 2Pheexiroos 3:13; Mul'ata Yohaannis 21:2-4

G.144 Samiin* haarawaafi biyyi* haarawaan kun maal fakkaata?

A. Samii haarawaa fi biyya haarawaa kan keessa Waaqayyoo wajjin jiraanna. Yoomillee hin cubbamnu. Yoomillee hin duunu. Rakkini hundinuu in hafa. Gaddiifi dhukkubbiin hin

jiraatu. Yoomillee hin balleessinu, hin sodaatnu hin qaanofnu. Gammachuu Waaqa biraa dhufus in barra.

Hibiroota 12:22-23; Yihuudaa24; Mul'ata Yohaannis 21:1-5; Mua'atal Yohaannis 22:1-4.

WALITTTI QABAMA JECHOOTAA

JECHA	**IBSA**
Guddifachaa	Guddifachaan hojii seera qabeessa namoota gara maatii Keetti ittiin fudhattu dha. Namni sun kan fudhatamu akka Mucaa ofiitti. Nuti dursinee cubbamootaafi warra Waaqa hin Beekne turre. Garuu amma Waaqayyo mucaa ofiisaa Godhee nu waammateera.
Ejjuu	Ejjuu jechuun walquunnamtii saalaa abbaa manaa ykn Haadha manaa keen ala raawwachuu jechuudha.
Ergamoota	Ergamootni tajaajiltootal Waaqaa ergaa dabarsani. Ergamootni hafuura*. Ergamootni gaarummaa Waaqayyoo Dubbatu. Akkasumas waanta Waaqayyo barbaade hojjetu. Ergamootni namoota maatii Waaqayyoo keessa jiraniifis Waan gaarii hoqjjetu. Ergamaan hamaan seexanaaf hojjata.
Cuubbaa/Cuubuu	Gaggeessaan Waldaa* yeroo muraasaaf nama bishaan Keessa cuuba. Achiis deebisee bishaan keessaa baasa. Karaa kana Waaoqayyoq akka nu qulleesse ibsina. Alkkasumas nuti qaama Waadaa* ta'uu keenya agarsiisna. Yeroo Cuubamnu Yesuus isa nuuf du'e nu yaadachiisa. Namootni qaama isaa awwaala keessa kaa'an. Inni garuu Du'aa ka'e.
Amanaa	Amanaa jechuun nama Kiristoosiin beekuuf itti amanu dha.

Eebba	Eebba jechuun waanta gaarii Waaqayyo nuuf laate jechuu Dha. Yeroo Waaqayyoon akka nu eebbisuuf gaafannu, kan Nuti gaafannu akka inni nu gargaaruufi waanta gaarii nu Keessatti hojjetu dha.
Ulfaa'uu	Yeroo uumamni haaraan qaama dubartootaa keessatti Uumamu.
Tasgabbaa'uun	Tasgabbaa'uun waanta qabdutti gammaduufi. Waanti ani Qabu na ga'a jechuudha.
Waldaa	Waldaan walitti qabama namootaa Yesuus Kiristoositti Amananiifi duukaa bu'aniiti. Amantoota in cuubu*. Irbaata Gooftaa ni fudhatu. Barsiisa Kiristoosiif ni abboomamu.
Fannoo	Fannoo jechuun muka lama walirratti rukutame. Yeroo Yesuus biyya lafaa irra jiraate namootni yakkamaa fannoo Irratti ajjeesu turan. Yesuus fannoo irratti du'e.
Farrisa	Farrisni jecha hamaa balaafi adabbii namarratti ykn Biyyarratti fidu jechuu dha.
Daabiloos	Daabiloos maqaa seexanaa* kan biraa dha. Seexanni Hafuurota hamaa keessaa isa badaa dha.
Duuka buutuu	Duuka buutuun jechuun namoota nama kan biroo duukaa Bu'aniif irraa barumsa fudhatlani dha. Nama Yesuusitti Amanu. Nama barsiisa Yesuus duukaa bu'u.
Jiraataa	Jiraataa jechuun kan tureefi kan barabaraan jiraatu jechuu Dha. Kan jalqabaafi dhuma hin qabne.
Amantii	Amantii jechuun nama tokko ykn wanta tokkotti amanuu Jechuu dha. Dhugaa jedhanii Waaqa fudhachuu.

	Dhugummaa waaqaa fudhachuu isa arguu baannullee.
Dhiifama	Dhiifama jechuun balleessaa namni tokko isinirratti godhe Irraanfachuun jaalala agarsiisuu jechuudha. Waaqayyo Dhiifama nuuf godhu hamaa nuti ofirratti hojjenne baatee Miti.
Ulfina	Ulfina Waaqayyoo jechuun wantoota Waaqayyoon Mootii Guddaa, ulfina qabeessaa fi miidhagaa godhani dha.
Surraa	Surraa jechuun kennaa Waaqayyo nuti hojii hamaa Hojjenneef argachuu hin dandeenye ture. Garuu Waaqayyo Gaarummaa isaa irraa kan ka'e nuuf kenne dha. Gargaarsaa Fi dhiifama Waaqarraa nuuf dhufe.
Onnee	Onneen qaama keenya keessaa kutaa baay'ee barbaachisa Dha. Gola qaama namaa yaadu, gaddu/gammadu fi ajaja Dabarsu dha.
Mootummaa Waaqayyoo	Mootummaa Waaqayyoo jechuun iddoo Kiristoosiifi Waaqni Jiraatani. Waaqayyo achi jira achiis seera dabarsa. Mootummaan Waaqayyoo iddoo namootni Yesuusitti Amananiif Waaqayyoon beekan du'a booda dhaqani dha. Iddoo namoota gaddi itti hin arganneefi yeroo hundaa Gammachuun jiraatani dha. Samiin haaraa fi biyyi haaraan Mana warri Waaqatti amanan of fuuaduratti abdatani dha.
Gahaannama	Gahannamni iddoo Waaqayyo hamoota ofirraa adda baasee Jiraatani dha. Iddoo hamootni du'a booda itti adabamani dha
Qulqulluu	Qulqullummaa jechuun Waaqaaf adda ba'uu jechuu dha. Waaqayyoon fakkaachuu. Yeroo qulqulloofnu cubbuu irraa

	adda baana. Waaqa durattis haara'oo taana.
Holy Spirit	Hafuura Waaqayyoo kan Yesuus namoota gargaaruuf erge. Hafuurri qulqulluun maqaa Waaqayyoo kan biraa dha. Akkasumas hafuura Waaqayyoo, hafuura kiristoos fi gargaaraa namootaa jedhamee waamama. Hafuurri qulqulluun qaama of danda'e dha garuu akka keenya nama miti. Inni Waaqa, Waaqa Abbaafi Waaqa Ilmaa wajjinis qixxee dha. Hojii Waaqummaa namooa biyya lafaa gidduutti raawwata. Eenyuyyuu Hafuura qulqulluu hin beeku garuu inni namootaa wajjinii fi namoota Yesuusitti amanan keessa ni jiraata.
Kabaja	Kabaja jechuun waa'ee nama tokkoo gaarii dubbachuu jechu dha. Gatii Isa kabajjuuf isa durattis wanta gaarii hojjechuu.
Kabajamaa	Hojjetaa gaarii. Jireenya kabaja qabu Waaqaafi nama duratti Jiraachuu. Nama waanta gaariifi sirrii ta'e hojjechuu.
Waaqa tolfamaa	Waaqa tolfamaa jechuun wantoota mukarraa, dhagaafi sibiilarraa hojjetamanii namootaan waaqeffataman jechuu dha. Waaqayyoon waaqessuu qabu. Waaqni tolfamaan bifa namaa ykn kan wantootaa iddoo Waaqaa namootni jaallatan Waaqa tolfamaan waaqa sobaati. Waanta namootni Waaqa caalchisanii jaallatan.
Isiraa'el	Lafa uummatni Aayihuudotaa jiraatan. Israa'el maqaa kan biroo Aayihuudotaaf kenname. Isaan ijoollee Abiraam, Yisaaqiifi Yaa'iqoob.
Aayihuudii	Aayihuudiin nama Abiraam, Yisaaqiifi, Yaaqoob irraa dhalate

	fi ijoollee isaaniiti. Nama amantii akka aayihuudii qabu.
Mootummaa	Mootummaan iddoo Mootiin tokko bulchu jechuu dha. Dachee Mootiin geggeessu. Mootummaan Waaqayyoo iddo Waaqni bulchaan geggeessu jechuu dha.
Seera	Bulchiinsa akkaataa jireenyaa bulchaan saba isaaf laatu. Bulchiinsa Waaqayyo saba isiraa'eliif Museetti laate.
Gooftaa	Gooftaan macaafa qulaqulluu keessatti maqaa Waaqayyooti. Innis Maqaa bulchaa hundumaafi waan hundumaa caalu Jechuu dha. Maqaa nuti Yesuusiif gargaaramnu yeroo isaaf abboomamnu.
Raajii	Raajiin nama yaadaafi ergaa Waaqayyo barbaade namotaaf dabarsu ture. Raajotni waggaa dheeraa dura Waaqaaf dubbatu turan. Nama waanta fuulduratti dhufu dubbatu.
Badhaadhina	Badhaadhinni wantoota gaariitti gammaduudha. Fayyaafi Qabeenya gaarii qabaachuun badhaadhina. Badhaadhinni Yeroo namootni tolaa waa'ee keenya haasa'ani. Badhaadhinni gaarummaa namootaatti gammaduu dha.
Bilisoomsuu	Waanti tokko erga inni fudhatamee ykn badee deebisanii fudhachuu. Waanta tokko kan ofii godhachuuf gatii baasuu.
Qalbii jijiirrachuu	Qalbii jijjiirrachuu jechuun cubbuu irraa deebi'uu jechuu dha. Waanta Waaqayyo nurraa eegu gochuu. Wanta hamaa kana Dura hojjette deebistee akka hin hojjenne murteessuu.
Kabaja	Kabaja jechuun nama tokko gatii gaarii akka qabutti mul'isuu Jechuu dha.
Du'aa ka'uu	Du'aa ka'uu jechuun erga lubbuun darbee jireenyatti deebi'u

	jechuu dha.
Qulqullaa'uu	Qulqullaa'uu jechuun Waaqa duratti sirrii ta'uu jechuu dha. qulqullaa'oon namoota Waaqayyoo fuulduratti sirrii ta'an jechuu dha. Yeroo Waaqayyo nama sana ilaalu namni sun qulqulluu ta'ee arga. Namni Qulqullaa'aan miltoo Waaqaati malee diina miti.
Sambata	Guyyaa itti Waaqayyo waan hundumaa uumee itti boqote. Sambatni guyyaa itti Waaqayyo ayihuudotaan akka isaan Hojii hin hojjetne itti hime dha. Innis guyyaa addaati kan isan Itti boqotaniifi waaqeffatan.
Fayyisuu/Maaruu	Maaruu jechuun yeroo Waaqni bu'aa fi humna cubbuu irraa nu hambisu jechuu dha. Akkasumas wanta hamaa irraa ooluu ykn hafuu jechuu dha.
Seexana	Seexanni maqaa Daabiloos isa kan biraa dha. Seexanni Hafuurota hamaa keessaa isa badaa dha.
Fayyisaa	Yesuus Kiristoos fayyisaa dha. Isa gara Waaqayyootti nu Deebiseefi lubbuu keenya badii jalaa hambise.
Cubbuu/Cubbamaa	Cubbuun waanta hamaa namootni Waaqarratti ykn namota Irratti hojjetanii dha. Bulchiinsa Waaqayyo nuuf kaa'e duuka yoo hin buune nuti cubbamne. Wanta Waaqayyo hin jaallane yoo hojjennu nuti cubbamne. Hundumtuu cubbamaa dha sababni isaa Waaqaafi namarratti hamaa hojjenneerra. Namootni hunduu cubbamoo dha sababni isaa fedha badaa Wajjin dhalanne.

Lubbuu	Lubbuun kutaa qaama namaa keessaa tokko yeroo ta'u nuti garuu kan nuti arguu hin dandeenyeefi du'a boodallee jiraatu dha. Waaqayyo Addaamiifi Hewaaniif kan inni lubbuu laate hafuura baafachuuni. Altokko tokko lubbuun namaa akka hafuura namaatti waamama.
Hafuura	Hafuurri jiraata qaama hin qabne yeroo ta'u eenyuyyuu argu hin danda'u. Waaqayyo hafuurota biroo gaarii ykn gadhee ta'an uumeera. Lubbuun namaa altokko tokko hafuura nama jedhamee waamama.
Sadanummaa	Sadanummaa jechuun sadan Waaqayyo tokko ta'uu agarsiisuuf kan itti fayyadamnu dha. Waaqa Abbaa, Waaqa ilmaa(Yesuus) fi Waaqa hafuura qulqulluu.
Amanuu	Amanuu jechuun nama tokko ykn dhugummaa isaa Fudhachuun duukaa bu'uu jechuu dha. Amanuu fi amantiin Amantiin mul'isuu.
Dubara	Dubara jechuun nama walquunnamtii saalaa raawwatee hin Beekne jechuu dha.
Waaqeffannaa	Waaqeffannaan guddummaa isaafi jaalala isaaf qabnu karaa Waaqayyotti agarsiifnu dha. Waaqeffannaan ulfinaa fi galata Waaqayyoof laachuu dha. Yeroo Waaqayyo wajjin taanu Waanta raawwachuu qabnu.

An Adaptation by:
www.clearandsimplemedia.org

To find an electronic version of this book, visit:
www.asimpleword.org

To learn more about this book and other resources like it, contact:
www.clearandsimplemedia.org

Translated by:
www.christian-translation.com